



የኢትዮጵያ ዲሞክራሲያዊ ሪፐብሊክ ከመንግሥት ደርጅት

Lakk

DhBBBO/IMX-135/633

Guyyaa

4/04/

Waajjira Damee Hindar tiif

B/J

Dhimmii: Manuwaalii Hojiin Gurgurtaa Waldaalee IMX itti raawwatamu Beeksuu Ta'a

Rakkoo hojii dhabdummaa akka naannoo keenyaatti jiru salphisuuf Bulchiinsi Mootummaa Naannoo Oromiyaa Dambii Manneen hojii Mootummaa waldaalee IMX tiif deeggarsa walitti hidhamiinsa gabaa baasee fi qajeelfama gurgurtaa Dhaabbatichaa wal simsiisuun, hojii gurgurtaa waldaalee IMX tiif raawwatamu bifa wal-fakkaatuun gaggeessuuf akka tolu manajimentiin DhBBBO akka hojii irra oolu mirkaneesee jira.

Haaluma kanaan maanuwaalii akka hojii irra oolu mirkanaa'e kana xalayaa gaggeessituu kana waliin kan isiniif ergine ta'ee, manneen hojii DhBBBO hundatti of-eeggannooodhaan akka hojii irra olchitan isin beeksifna.


G.G

- Dar./Ol'aanaa Dhaabbatichaa tiif
- I/A/D/O/Damee teeknikaatiif
- I/A/D/O/Damee Deeggersaa tiif
- Dar. Mis. I/Fayadama Bosonaatiif
- Dar. Faay. BB Qabeenyaaatiif
- Dar. I/ Bosonaatiif
- Dar./Karoora fi Gabaa tiif
- Tajaajila Oditi fi Inspeekshiniitiif
- Tajaajila Seeraatiif
- Hordoffii fi Dagaagina Naamusaatiif
- Finfinnee



"Nagaa Wajjin"

Girmaa Dalasaa Daadhil  
I/A/D/O/Damee/Bulchiinsaa  
fi Deeggarsa




Manuwaalii Sirna Deeggarsa Waldaalee Interprayizii Maayikroo Fi  
Xixiqqaa (IMX)

**(Work procedure)**

Muddee, 2014

Finfinnee



## 1. Seensa

Dhaabbanni Bosonaa fi Bineensa Bosonaa Oromiyaa kayyoo hundeffameef galmaan gahuuf hojiiwan gurgurtaa omishaa fi Tajaajilaa sadarkaa mana hojii dhaabbaichaa hundatti gaggeeffaman keessatti deeggarsa Waldaalee IMX tiif kenuun carraa hojii uumuufi ilaachise hojii gurgurtaa hojjatamaa jiru keessatti haalli keessummeessa waldaalee IMX akkaataa Dambii deeggarsa misoomaa Intarpiraayizii Maayikiroo fi Xixxiqaa Mootummaa naannoo Oromiyaa lakk. 192/2009 fi qajeelfama gurgurtaa DHBBBO bara 2013 bahee tiin kennamu iftoomina, Dhaqabamaa fi haqa qabeessa akkasumas sirna itti gaafatamumma mirkaneessu akka ta'u hojimaata ifa ta'e diriirsuun barbachisa ta'ee argameera.

Carraa gurgurtaa bu'a bosonaa waldaalee IMX Naannichaatiif kennamu gabaa mana hojii keenya keessatti jiru akkaataa dambii fi qajeelfama gurgurta dhaabbata keenyatiin haala walsimuu danda'uun akka issaan irraa fayyadamaa ta'an taasisuuf, maanuwaaliin hojii gurgurtaa omishaa, waldaalee IMX kana qopheessun akka hojii irra oolu ta'eera.

## 2. Mata duree gabaaba

Maanuwaaliin kun "Maanuwaalii carraa gabaa dhaabbaticha keessatti jiru irraa Intarpiraayizii Maayikiroo fi Xixxiqaa bu'uura dambii lakk. 192/2009 tiin ijaaraman fayyadama taasisuuf bahe lakk. 1/2014" jedhame waamamu ni danda'a.

## 3. Kaayyoo

Bu'uura 'Dambii paakeejii deeggarsa carraa hojii uumuu mootummaa naannoo Oromiyaa murteessuuf bahe lakk. 192/2009 fi qajeelfa gurgurtaa DhBBBO bara 2013 fooyya'ee baheen Waldaalee IMX deeggarsa dhaabbaticha irraa argachuu danda'an, caasaa dhaabbaticha sadarkaa hundatti argaman bifaa wal fakkaatuun raawwachuuun akka danda'amuufiidha.

## 4. Ulaagaalee Waldaaleen IMX guutuu qaban

### 3.1. Qaama seermmaa Waldaa IMX

- a. Waldaalee IMX tajaajila akkaataa maanuwaalii kanaatiin dhaabbaticha irra argachuuf gaaffii dhiyeessan kamuu bu'uura dambi 192/2009 lakk. 30(1) tiin ragaa guutachu qaban hunda guttatan orijinalii fi kooppii hin deebine tokko qabatanii dhiyaachu qabu.

### 3.2. Eyyama Daldaalaa



Waldaan IMX carraa gabaa mana hojii DhBBBO sadarkaa adda addaatti argaman irraa argachuuf Eeyyama daldalaan bara hojii keessatti hanga muddee 30 tti haarofamee orijinaala fi koppii hin deebine tokko waliin qabatanii dhiyaachuu qabu.

### 3.3. Sartefikeettii Kanfalaa gibiraa (TIN)

Waldaan IMX carraa gabaa mana hojii DhBBBO sadarkaan jiran irraa argachuuf Sartefikeettii kanfalaa gibiraa ta'u isaanii ragaa ibsu orijinaala fi koppii hin deebine tokko waliin dhiyeefachuu qaba.

### 3.4. Xalayaan deeggarsaa

- a. Waldaan IMX deeggarsa DhBBBO kenu argachuuf xalayaan deeggarsaa Biirroo Carraa hojii Uumuu fi Ogummaa Oromiyaa ykn qaama Biirroo Carraa hojii Uumuu fi Ogummaa Oromiyaa xalayaan deeggarsaa akka kenu aangoo kennet irraa fidachuu qaba.
- b. Xalayaan deeggarsaa waldaan IMX dhiyeeffachuu qabu; maallaqaa waldichi bittaa ittiin gaggeessuu danda'uu kan ibsu, iddo itti gurmaa'etti bakka hojii qabaachuu isaa kan ibsu fi bara baajataa keessatti kan barraa'eef ta'u qaba.
- c. Maallaqin xalayaan deeggarsaatiin barra'uuf kun qar. Miil. Tokkoo (1,000,000) oli ta'u hin qabu.
- d. Waldaan IMX tokko Xalayaan deeggarsa maallaqa humna bittaa isaan ibsu qaama angoo kennuu qabu irraa bara baajataa tokko keessatti si'a 2 fi isaa oli dhiyeefachuu kan danda'u ta'ee, gurgurtaan carraa gabaa oomisha dhaabbaticha irraa marsa tokkootti argatu garuu, haala kaminu qar. Miiliyoona tokko (1,000,000) caaluu hin danda'u.
- e. Waldaan IMX koppii xalayaan deeggarsaa bu'uura manuwaalii kana lakk. 3.4 qabee b tiin Dhaabbata Bosonaa fi Bineensa Bosonaatiif dhiyeessaniin omishaalee sadarkaa Damee fi Distiriiktiitti gurguramaniif tajaajila ittiin argachuu danda'a.

### 5. Dabaree keessumeessa Waldaalee IMX

- a. Waldaaleen IMX ulaagalee lakkofsa 3 irratti caqasaman guutan sadrkaa waajjira olaanaa DhBBBO ykn Dameelee irratti dabaree qabachuun haala duraa duubaa (dabaree) isaaniitiin omisha omishamu ykn Bosona baargamoo Invantariin isaa hojjatamee dhiyaatu akka bitatan ni taasifama.
- b. Waldaleen IMX haaraas ta'ee buleeyyiin, haala dabaree isaaniitiin kan keessummaa'an ta'ee; Waldaan tokko carraa marsaa yeroo lama (2) dabaree qabatanii akka omisha filatanii akka bitatan kan taasifamu ta'ee, waldaan carraa kennaeefitti hin fayyadamine gaaffii dhiyeessuun dhuma irratti kan galmaa'u ta'a.
- c. Waldaan bittaa omisha raawwate kamuu carraa gabaa marsaa biraa argachuuf, omisha ykn Bosona dhaabbii dursee bitate omiskee kaafachuu ykn geejjibee xummuruu isaa kan



agarsiisu waraqaa qulqullinaa caasaa Dhaabbata Bosona fi Bineensa Bosonaa sadarkaa adda addaa irraa argatee dhiyeffachuu qaba.

#### 6. Ce'umsa Waldaalee

- a. Waldaaleen IMX daldaala bu'aa bosonaa irratti hiriiran, bu'uura Dambii deeggarsa misooma Interpirayizii Maayikroo fi xixiqqaamootummaa naannoo Oromiyaa lakk. 192/2009 fi manuwaaliin kana lakk. 4 tiin dhaabbaticharraa deeggarsa (walitti hidhamiinsa gabaa kan argatan) guyyaa qaama seerummaa argatanii kaase hanga waggaa shanii (5) qofaaf ta'a.
- b. Waldaaleen IMX hundefamni isaan waggaa shan (5) darbe bu'uura danbii lakk. 192/2009 kewt. 30 (2) tiin akka ci'anitti waan fudhatamaniif dhaabbatacha irraa carraa walitti hidhamiinsa gabaa maanuwaali kana lakk. (11) jalatti caqasame kana argachu hin danda'an.
- c. Ce'umsa waldaalee mirkanneffachuuuf sadarkaa Adeemsa hojii Gabaa, karoora, hordoffii fi gamaaggamaa Dameeletti ammanta omisha gosa gara garaa (Baargamoo Dhaabbitti, kan ofiin omishame, Xaawulaa, haftee xaawulaa, fi klf) waldaaletti gurguramaa ture qarshiidhaan ragaan isaa sirnaan qindaa'ee qabamuu qaba.
- d. Waldaaleen IMX erga hundeffamanii ammantaa carraa walitti hidhamiinsa gabaa DhBBBO irraa argatan (taasiseef) yeroo propozaalli bittaa omishaa Dameelee irraa gara Waajjira olaanaatti ergamu ykn Dameedhumatti dhiyaatu waliin dhiyaachuu qaba.
- e. Waldaalen IMX baargamoo dhaabbitti fi Xaawulaa bitatan buleeyyiin 'Clearance' Damee irraa kennamuuf waliin ammantaa carraa walitti hidhamiinsa gabaa armaan dura taasifameef qarshiidhaan dhiyaachuuufii qaba.

#### 7. Bakka bu'iinsa kennuu

- a. Bu'uura Dambii deeggarsa misooma Interpirayizii Maayikroo fi xixiqqaamootummaa naannoo Oromiyaa lakk. 192/2009 tiin caraan gabaa mana hojii moottummaa keessatti jiru waldaalee IMX tiif dursi haala tarsiimootiin hojii irra kan ooole, rakkoo hojii dhabdummaa xiqeessuuf yaadame waan ta'eef dhaabbatichi yaada tumaa seera ta'e kana irra ka'udhan waldaaleen IMX carraa kennamuuf kana ofuma issanii itti hirmachuun irraa fayyadama akka ta'an waan barbadamuuf kana irraa ka'uudhan bakka bu'ummaa miseensa waldichaatiif kennamuun alatti bakka bu'iinsa birootiin gaaffii carraa gabaa dhiyaatu manuwaaliin kanaan keessumeessuun hin danda'amu.



**8. Maallaqa bittaa waldaalee IMX waliitti Ida'uun Keessummeessuu**

Akkata maanuwaali kana lakk. 3.4(d) tiin hanga human bittaa maallaqa waldaa IMX tokkoof hayyamameen ol gatiin ka'umsa oomisha bu'a bosonaa ykn baargamoo yoo ta'e; waldaaleen IMX lamaa fi isaa oli gaaffii isaan chaappaa isaanitiin deeggaranii waliin dhiyeessaniin, kaappitaala human bittaa maallaqaa isaanii walitti ida'anii waliin bitachuu danda'u. Maallaqa bittaa waldaalee fi gatiin ka'uumsaa omishaa ykn bosona Baargamoo kan waliin madaallamu gatii omishaa vaatii dura jiruun ta'a.

**9. Haala Beeksisa gurgurtaa Waldaalee IMX tiif itti maxxanfamu**

- a. Waldaleen IMX haala dabaree qabataniitiin Baargamoo Dhaabbii gurgurtaadhaaf dhiyaate beeksifni gurgurtaa kan maxxanfamuuf ta'a.
- b. Beeksifni gurgurtaa waldaaleedhaaf maxxanfamu guyyaa hojii shan (5) qilleensa irra kan turu ta'a.
- c. Beeksifni gurgurtaa kun kan raawwatamu gurgurtaa bosona baargamoo dhaabbiitti gurgurtaaf dhiyaatee fi dabareen waldaalee wal-faana ta'uu qaba. Waldaan IMX Bosona dhaabbitti bitachuuf filate; guyyaa beeksisaa gurgurtaa xummuramee iraa kaasee guyyaa hojii shan (5) keessatti kanfaltii raawwachuu qaba. Kuni akkuma jirutti ta'ee, bosona beeksifni maxxanfamee gabaa dhabe, guyyaa beeksisaa booda waldaa IMX dabareen ala dursa gaaffii dhiyeeffatef gurguruun ni danda'ama

**10. Gurgurtaa Ajaja addaa**

- a. Dhaabbanni Bosona baargamoo gurgurtaaf dhiyaate osoo waldaalee IMX tiif hin maxxansiin gabaa ajaja adda yoo argame gurgurachuu danda'a.
- b. Dhaabbatich Bosona Baargamoo dhaabbiitti gurgurtaa waldaalee IMX tiif maxxanfame keessaa daldaalaa dhuunfaa ykn kan biroo **ajaja addaatiin** bitachuuf barbaadanii iyyanno yoo dhiyeeffatan, faayidaa **hawaasaa fi dhaabbata** eegisisuuf jecha, kan waldaaleedhaaf maxxanfame keessaa gar-tokkee ykn guutummaa guutu haqamuu danda'a.
- c. Waldaaleen IMX, Bosona baargamoo dhaabbitti gurguramus ta'ee, omisha biroo dabareedhaan ala ajaja addaa haala qajeelfama gurgurtaa irra taa'een bitachuu yoo barbaadan dursa argatanii keessummaa'u danda'u.

**11. Carraa gabaa Waldaaleen IMX DhBBBO irraa argatan**

- a. Waldaaleen IMX ulagaalee lakk. 3 irratti ibsaman guutan Dhaabbata Bosonaa fi Bineensa Bosonaa Oromiyaa irraa deeggarsa kan argatan, bu'uura Dambii deeggarsa misooma Interpiraayizii Maayikroo fi xixxiqqa mootummaa naannoo Oromiyaa lakk.192/2009 tiin yoo ta'u kunis akkaataa dambii kana keewwata 2 ( 13(b) fi 14(b))tiin Intarpiraayizii




maayikiroo kaappitalli hundefama ykn hayyama daldalaanisaan irratti caqasameef qar. kuma shantamaa (50,000) hin calleee fi Intaripiraayizii xixxiqaa kappitaala hundefama ykn hayyama daldalaanisaan irratti caqasameef qar. 50,001 hanga 500,000 hin caalee fi daldala bu'a bosonaa irratti bobba'anii qofaaf deeggarsa carraa walitti hidhamiinsa gabaa kennaaf.

- b. Haaluma Kanaan waldaa IMX kaappitaalli hundefama isaa qar. 50,000 hin calleef yeroo turtii waldicha wagga shanii(5) keessatti deeggarsi walitti hidhamiinsa gabaa dhaabbaticha irraa argatu walitti ida'ame haala kamiinu qar. 2,000,000 caaluu hin danda'u.
- c. waldaa IMX kaappitaalli hundefama isaa qar. 50,001 hanga 500,000 ta'e, turtii waldicha wagga shanii(5) keessatti deeggarsi walitti hidhamiinsa gabaa dhaabbaticha irraa argatu walitti ida'ame haala kamiinu qar. 4,000,000 caaluu hin danda'u
- d. Gurgurtaa carraa gabaa waldaa IMX tiif kennamu bu'uura qajeelfa gurgurtaa DhBBBO bara 2013A.L.I. bahe lakk. 9.4tiin ta'a. Gurgurtaan kunis kan raawwatamu oomishaalee bu'a bosonaa armaan gadii qofa irratti ta'a.
  - Omisha Xaawulaa gosa adda addaa fi haftee xaawulaa
  - Bosona Dhaabbii Baargamoo
  - Omisha baargamoo gosa adda addaa Dhaabbanni ofii omishu qinxaaboodha iddoomishaa fi Diippowwan yeroo irraa,
  - Omisha bu'aa Bosonaa muka hin taanee gabaa biyyaa alaatti kan gurguraman ossoo hin dablatiin.
- e. Deeggarsi deeggarsi walitti hidhamiinsa gabaa DhBBBO tiin waldaalee IMX tiif kennamu gosa hojii eeyyamni daldaalaa waldichaaf kenname qofa irratti ta'a.

## 12. Haala gurgurtaan carraa gabaa Waldaalee IMX tiif ittiin raawwatamu

- a. Waldaaleen IMX bittaa omisha gosa gara garaa kan raawwachuu danda'an bu'uura qajeelfama gurgurtaa bara 2013 fooyya'ee baheen ta'ee, omishalee gugurtaan isaanii caalbaasiidhaan raawwatamu (Xaawulaa fi Baargamoo dhaabbii) gatii ka'uumsaatiin ta'ee, omishalee kallattiidhaan gurguraman dursa kan argatan ta'a.
- b. Fedhiin bittaa Waldaalee omisha xaawulaa yoo ta'e, propozzaalli bittaa sadarkaa dameetti, gosa xaawulaa:
  1. Abbaa dheerina 4m =30%
  2. Abbaa dheerina 3m fi 3.5 m = 25%
  3. Abbaa dheerina 2m fi 2.5 m = 15%



4. Abbaa dheerina 1m hanga 1.5 m = 15%
5. Abbaa dheerina  $\leq 0.9m = 15\%$  ta'ee Waajjira Olaanaa DhBBBO tiif dhiyaachuu qaba.
- c. Istookiin xaawulaa jiru quodiinsa qabee (b) jalatti ibsame guutuu kan hin dandeenye yoo ta'e, gosa xaawulaa dheerinni isaa 3.5m gadi jiru tokko kan birootiin bakka busuun kan danda'amu ta'ee, xaawulaa dheerinni isaa abbaa 4m ta'ee garuu xaawulaa waldaalee IMX ttiif gurgurumu irraa 30% caalu hin qabu.
- d. Propozaalli fedhii bittaa kunis wajjira olaanaatti dhiyatee erga mirkanaa'ee booda gurgurtaan isaa sadarkaa Dameetti kan raawwatamuuf ta'a.
- e. Fedhiin bittaa Waldaa IMX baargamoo dhaabbitti gurguramu yoo ta'e, kan Damee Finfinnetiin ala koppii xalayaa inventariin Bosonaa waajjirri olaanaan ittiin mirkaneesse fi gatii mirkanaa'een shallagamee gatii wali galaa bosonaa waliin dhiyatee erga mirkanaa'ee gurgurtaan sadarkaa Dameetti kan raawwatamuuf ta'a.
- f. Keessumimeessaan Waldaalee IMX baargamoo dhabbi kan Damee Finfinnee bu'uura qajeelfama gugurtaatiin waajjira olaanaa fi Damee ta'a.

### 13. Haala ragaan ittiin qindaa'e dhiyaatu

- Ragaalee fi odeeffannowwan Waldaalee IMX tiin wal qabatan haala duukaa deemtuu maanuwaalii kana waliin jirutiin waajjira olaanaatti kan dhiyaatu ta'a.



Dukka deemtuu 1. Cūca Ragaaleen waldaalee IMN ittiin dhiyaatu

Haala Wáldaa		Xallayaad deggarsaas	
Bulecyii yoo			
ta'c, Hangaa			
maallaqaa	Aanaa/Mag	Qaama	
omishni arnaan	aalaa itti	seerumman	Damee
dura itti	hundeeffam	waldaa bara	hojji
Maqaa waldaa		bara	guyyaa
lakk.		hundeeffame	Kaappitaal
IMX	Haaraa	haaromfame	Iddoo
	gurgurame (qr)	daldaala	waldichaa
	c	kennname	hejji

Kan qopheesse  
Kan Mirkanesse

Maqaa

Mallatoo \_\_\_\_\_

Guyyaa

